UNITED LIBERATION FORCES OF OROMIYAA

القوات المتحده لتحرير اورميا

IBSA Tokkummaa Humnoota Bilisummaa Oromiyaa

Ebla 30, 2011

Labsa THBO (ULFO)n Bitooteessa 18, 2011' baase fii, ibsaa AFDBO (RDOLF) Bitootessaa 23, 2011 baserratti, hamma tokkoof walhubannoo dhabiinsi nujiddutti dhaltee ture. Seetee nu jiddutti dhalate sana furuuf, Ebla 30, 2011'tti walgeenyee, gadi fageenyaan mariyannee, milkii guddoon furannee jirra.

Fuul dura Haalli akkasii THBO keessatti akka hin dhalannes, sirna ittiin hojjannu keessa deebinee qorannee, sirna fooyyawe lafa kaayyanneerra.

Akkuma kanaan dura labsine, Ebla 30, 2011 jalqabee, qaama tokko taanee maqaa THBOtiin Qabsoo Bilisummaa ummata keenyaa tarkaanfachissuu irratti bobba'uu keenya ummata keenya hubbachiifna. Seetee dhalatte obbolummaa fi jaallummaan furachuu keenyaaf gammachuu nutti dhagayame ibsachaa, gumaata qabsoon nurraa barbaaddu hunda, kutannoo fi cichoominaan itti fufuuf murteeffachuu keenya, ammallee irr-deddeebinee ummata keenyaaf wa'ada galla.

Ummanni Oromoolleen dirqama seenaa kana raawwachuuf, humna Oromoo itichuu fii qabsoo bilisummaa Keenya furgaasuu fi galmaan gawuu irratti akka nu wajjin dhaabbatu abdii guddaa qabna.

Tokkummaan Humna!

Oromiyaan Ni Bilisoomti!

KHG THBO